



Waggaa 6^{ffaa} Lak. 10
 6ኛ ዓመት ቁጥር 1
 6th year No. 10

Finfinnee, Hagayya 1/1990
 ፊንፊንኔ፣ ነሐሴ ፩ ቀን ፲፱፻፺፯
 Finfinnee, August 7th 1998

MAGALATA OROMIYAA

መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo 15.00 የንዶ ዋጋ Unit Price.	Too'annaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ምክርቤት ጠባቂነት የወጣ	Lakk. S. Poostaa 101769 የፖ.ሣ.ቁጥር P.O.Box
---	--	--

QABEENTAA
 Dambii Lakk. 11/1990
 Galmeessaa fi Heyyama Hojii Dal-
 dalaa Mootummaa Naannoo
 Oromiyaa murteessuuf bahe

ማውጫ
 ደንብ ቁጥር ፲፩/፲፱፻፺፯
 የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥትን የንግድ
 ምዝገባና ፈቃድ ለመወሰን የወጣ ደንብ

CONTENT
 Regulations No. 11/1998
 Oromia Regional State Commercial
 Registration and Licensing
 Regulations

DAMBII LAKK. 11/1990
DAMBII GALMEESSAA FI
HEYAMA HOJII
DALDALAA MOOTUMMAA
NAANNOO OROMIYAA
MURTEESSUUF BAHE
 Koreen Hojii Raawwachiiftuu Mootu-
 mmaa Naannoo Oromiyaa aangoo
 Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa
 keewwata 54(6)n kennameefiin Dambii
 kana baaseera.
KUTAA TOKKO
WALIIGALA
 1. **Mata Duree Gabaabaa**
 Dambiin kun "Dambii Galmees-
 saa fi Heyyama Hojii Daldalaa
 Mootummaa Naannoo Oromiyaa
 murteessuuf bahe lakk. 11/1990"
 jedhame waamamuu ni dan-
 da'ama.
 2. **Hiika**
 Dambii kana keessatti:
 1. "Labsii" jechuun Labsii Gal-
 meessaa fi Heyyama Hojii
 Daldalaa Mootummaa
 Federaalawaa Lakk. 67/1989
 jechuu dha.
 2. "Naannoo" jechuun Naannoo
 Oromiyaa jechuu dha.

ደንብ ቁጥር ፲፩/፲፱፻፺፯
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት
የንግድ ምዝገባና ፈቃድ ደንብ
 የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ሥራ
 አሥረጻጫ ኮሚቴ በክልሉ ሕገ
 መንግሥት አንቀጽ ፶፬/፮/ በተሰጠው
 ሥልጣን መሠረት ይህን ደንብ
 አውጥቷል።
ከፍል አንድ
ጠቅላላ
፩. አጭር ርዕስ
 ይህ ደንብ "የኦሮሚያ ክልላዊ
 መንግሥት የንግድ ምዝገባና ፈቃድ
 ደንብ ቁጥር ፲፩/፲፱፻፺፯" ተብሎ
 ሊጠቀስ ይችላል።
፪. ትርጓሜ
 በዚህ ደንብ ውስጥ፡
 ፩. "አዋጅ" ማለት በፌዴራል
 መንግሥት የወጣ የንግድ
 ምዝገባና ፈቃድ አዋጅ ቁጥር
 ፳፯/፲፱፻፹፱ ነው።
 ፪. "ክልል" ማለት የኦሮሚያ
 ክልላዊ መንግሥት ነው።

REGULATIONS No. 11/1998
OROMIA REGIONAL STATE
COMMERCIAL
REGISTRATION AND
LICENSING REGULATIONS
 These Regulations are issued by
 the Executive Committee of the
 Regional State of Oromia pursuant to
 Article 54 (6) of the Constitution of the
 Region
PART ONE
GENERAL
 1. **Short Title**
 These Regulations may be cited as
 the "Oromia Regional State Com-
 mercial Registration and Licensing
 Regulations No. 11/1998."
 2. **Definitions.**
 In these Regulations:
 1. "Proclamation" means the Com-
 mercial Registration and Licen-
 sing Proclamation No. 67/1997
 issued by the Federal Government
 of Ethiopia.
 2. "Region" means the Regional
 State of Oromia.

- 3. "Biiroo" jechuun Biiroo Daldalaa, Industirii fi Tuuriizimii Oromiyaa ti.
- 4. "Heyyama Hojii Daldalaa" jechuun Labsiicha keewwata 20/1/n fi wajjin deemtuu Labsiicha irraatti walqabatani kan ibsamaniin ala heyyamoota hojiiwan daldalaa biraa Biiroodhaan kennamani dha.
- 5. "Ogummaa Addaa" jechuun hojii heyyama daldalaa argachuuf Waajjira Mootummaa irraa ogummaa fi dandeetti kan qaban ta'u ragaa dhiyesisan yemmu ta'an kan akka jijjiirraa qooqaa, qoricha namaa fi horii, qoricha farra ilbisaa gurguruu fi facaasuu k.k.f. jechuu dha.
- 6. "Gargaara Daldala Biyya Keessaa" jechuun haala seera daldalaa keewata 44 hanga 62tti jijjiirameen Bakka Bu'oota Daldalaa, Dallaalaa Daldalaa fi Bakka Bu'oota Komiishinii jechuu dha.
- 7. "Seera Daldalaa", "Daldalaa", "Hojii Daldalaa", "Tajaajila", "Daldala Biyya Keessa", "Mi'oota Daldalaa", "Maqaa Daldalaa", "Industirii", "Ministeera", "Nama", "Misooma Qonnaa", "Galmees Guddaa", "Galmeessa Jecha Gabaabbaa" "Bakka Bu'aa Daldalaa", "Heyyama Hojii Daldalaa Ragga'ee", "Hojii Oomishaa", "Tajaajila Injiineeraa", "Labsii Investimeentii", "Abbaa Taayitaa Dhimmii Ilaalu", "Babalisu ykn Fooyyeessuu" "Abbaa Qabeenya Biyya Keessa" kan jedhaman hiika Labsiicha keewwata 2 keessatti kennameef qabatu.

- ፫. "ቢ.ሮ" ማለት የኦሮሚያ ንግድ ኢንዱስትሪና ተራገጫ ቢሮ ነው።
- ፬. "የንግድ ሥራ ፈቃድ" ማለት በአዋጁ አጻጻፍ ጽ/፩/ እና ከአዋጁ ጋር በተያያዘው አባሪ ከተዘረዘሩት በስተቀር ለሌሎች የንግድ ሥራዎች በቢሮ የሚሰጡ ፈቃዶች ናቸው።
- ፭. "ልዩ ሙያ" ማለት ከልዩ ልዩ የመንግሥት መ/ቤቶች የንግድ ሥራ ፈቃድ ለማግኘት የትሎታ ማረጋገጫ ማስረጃ ያለው ስለመሆኑ ማስረጃ እንዲያቀርብ የሚጠይቁ ሙያዎች ሲሆኑ እንደ ትርጉም ሥራ የሰውና የእንሰሳት መድሃኒት መሸጥ የተባዩ ማጥፊያ መድሃኒት መሸጥና መርጨት የመሳሰሉትን የሚያጠቃልል ነው።
- ፮. "የአገር ውስጥ ንግድ ረዳት" ማለት በንግድ ሕግ ከአንቀጽ ፵፬ እስከ ፷፪ እንደተተረጎመው የንግድ ወኪሎች፣ የንግድ ደላላዎች፣ የኮሚሽን ወኪሎች ማለት ነው።
- ፯. "የንግድ ሕግ" "ነጋዴ" "የንግድ ሥራ" "አገልግሎት" "የሀገር ውስጥ ንግድ" የንግድ ዕቃዎች "የንግድ ስም" "ኢንዱስትሪ" "ሚኒስቴር" "ሰው" "የግብርና ልማት" "ዋና ምዝገባ" "የአጭር ቃል ምዝገባ" "የንግድ አንደራሴ" "የፀና የንግድ ሥራ ፈቃድ" "የማምረት ሥራ" "የኢንጂነሪንግ አገልግሎት" "የኢንቨስትመንት አዋጅ" "አግባብ ያለው ባለሥልጣን" "ማስፋፋት/ማሻሻል" "የሀገር ውስጥ ባለሀብት" የተባሉት በአዋጅ አንቀጽ ፪ የተሰጣቸውን ትርጓሜ ይይዛሉ።

- 3. "Bureau" means the Oromia Trade, Industry and Tourism Bureau.
- 4. "Business License" means any business license issued for commercial activities other than those provided for under Article 20(1) of the Proclamation and those enumerated in the Appendix to the Proclamation.
- 5. "Specific Occupation" means the occupation which seeks certificate of competence of the person from Government Office for certain activities when it is needed to secure trade license. This includes occupations, such as translation work, pharmacies, live-stock drug stores, sales and spray services of pesticides, etc.
- 6. "Domestic Trade Auxiliary" means a Commercial Agent, Commercial Broker or Commission Agent defined in Articles 44 to 62 inclusive of the Commercial Code of 1960.
- 7. The term "Commercial Code", "Business Person", "Business Service", "Domestic Trade", "Goods", "Trade Name", "Industry", "Ministry", "Person", "Agricultural Development", "Principal Registration", "Summary Registration", "Commercial Representative", "Valid Business License", "Manufacturing Activity", "Engineering Service", "Investment Proclamation", "Authorized Person", "Expansion or Upgrading", and "Domestic Investor" shall have the meaning assigned to them under Article 2 of the Proclamation.

Kutaa Lama

Waa'ee Galmeesa Daldalaa

3. Galmee Daldalaatti Galmaa'uu

Bu'uura Labsichaa.keewwata 5(1) irratti tumameen galmee daldalaatti galuu kan qabu namni hojii daldalaa kamiyyuu hojjatu haala Dambii kana irratti mul'atuun galmaa'u qaba.

4. Galmeessa Guddaa

1. Hojiiwwan daldalaa Ministerichaan heyyamni kenamaniin ala, hojii daldalaa irratti kan boba'u namni kam iyyuu hojii osoo hin jalqabiniin dura Birootti galmaa'uu qaba.

2. Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n galmeessa guddaa raawwatu muuf iyyatni kan dhiyaatu oornaa "B" Dambii kana wajjin walqabate argamuu uunkaa iyyataa waraabii lama guutudhaan ta'a.

5. Galmeessa Guddaa Daldalaa Dhuunfaa Irratti Raawwatamu

1. Iyyataan yemmu daldalaa dhuunfaa ta'u:

- a) Suuraa gabaabaa yeroo dhiyoo,
- b) Umuriin isaa seera fuulduratti gahaa kan hin taane yoo ta'e, heyyama gumii mana maree maatiitiin mirkanaa'ee Waajjira Mootummaa dhimmi ilaaluun ykn iyyatni dhiyaate guddifattuun yoo ta'e guddifatummaan kan itti mirkanaa'e murtee mana murtii,
- c) Heyyamni hojii daldalaa duraan kenname yoo jiraate,
- d) Uunkaan iyyatichaan mallattaa'e bakka bu'aan yoo ta'e, ragaa aangoo bakka bu'ummaa, uunkaa iyyataa waraabii lama waliin qabsiisee dhiyeesuu qaba.

ክፍል ሁለት

ስለ ንግድ ምዝገባ

፫. በንግድ መዝገብ ስለመመዝገብ

በአዋጁ አንቀጽ ፭(፩) በተደነገገው መሠረት በንግድ መዝገብ መግባት ያለበት ማንኛውም የንግድ ሥራ የሚሠራ ሰው በዚህ ደንብ በተመለከተው አኳኋን መመዝገብ አለበት።

፬. ስለዋና ምዝገባ

፩. በሚኒስቴሩ ፈቃድ ከሚሰጥ ባቸው የንግድ ሥራዎች በስተቀር በሌላ የንግድ ሥራ የተሠማራ ማንኛውም ሰው የንግድ ሥራ ከመጀመሩ አስቀድሞ በቢሮው መመዝገብ አለበት።

፪. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) መሠረት ለሚደረግ ዋና ምዝገባ ማመልከቻ የሚቀርበው ከዚህ ደንብ ጋር ተያይዞ በሚገኘው ሠንጠረዥ "ለ" የተመለከተውን አግባብ ያለው የማመልከቻ ቅጽ በሁለት ቅጂዎች በመሙላት ነው።

፫. በግለሰብ ነጋዴ ላይ ስለሚደረግ ዋና ምዝገባ

፩. አመልካቹ ግለሰብ ነጋዴ በሚሆንበት ጊዜ፤

- (ሀ) የቅርብ ጊዜ ጉርድ ፎቶግራፍ፤
 - (ለ) አካለ መጠን ያላደረሰ ሲሆን አግባብ ባለው የመንግሥት መሥሪያ ቤት የተረጋገጠ የቤተ ዘመድ ምክር ጉባዔ ፈቃድ ወይም ማመልከቻው የቀረበው በሞግዚቱ ሲሆን ሞግዚቱን የተረጋገጠበት የፍርድ ቤት ውሳኔ፤
 - (ሐ) ቀደም ሲል የተሰጠ የንግድና የሥራ ፈቃድ ካለ ፈቃዱን፤
 - (መ) የማመልከቻው ቅጽ የተፈረመው በወኪል ከሆነ የውክልና ሥልጣን ማረጋገጫ፤
- ከማመልከቻው ቅጽ ጋር አያይዞ በሁለት ቅጂ ማቅረብ አለበት።

**PART TWO
COMMERCIAL
REGISTRATION**

3. Registration in the Commercial Register

Any person engaged in business, who has to register in the commercial register as provided for under Article 5 (1) of the Proclamation, shall be registered pursuant to these Regulations.

4. Principal Registration

1. Any person engaged in any commercial activity other than those for which the Ministry issues a license, shall, before commencing his business, be registered at the Bureau.

2. An application for principal registration under Sub-Article (1) of this Article shall be submitted in two copies by completing the form prescribed in schedule "B" of these Regulations.

5. Principal Registration of Sole Business Person

1. Where the applicant is a sole business person, he shall submit, in two copies, together with the application:

- a) his recent passport size photograph;
- b) where the applicant is a minor, proof of authorization of the family council authenticated by the pertinent government institution, or where the application is submitted by the tutor a court decision granting the tutorship;
- c) a prior business and operating license, if any;
- d) a power of attorney where the application is signed by an agent.

2. Iyyataan lammii biyya alaa ta'e akka abbaa qabeenyaa biyya keessaatti yemmuu lakaawwamu:

- a) Suuraa gabaabaa yeroo dhiyoo.
- b) Footo koppii paaspoortii eenyummaa isaa ibsu fi seeraan gara Itoophiyaa seenuu isaa kan agarsiisu,
- c) Heyyama Investimantii,
- d) Footo koppii heyyama jireenyaa, uunkaa iyyataa waraabbii lama waliin dhiyeessu qaba.

6. Galmeessa Guddaa Waldaa Hojii Gamtaa fi Waldaa Daldala Shariikaa Irraatti Godhamu

1. Iyyataan yemmuu waldaa daldala shariikaa ta'u:

- a) Labsiicha keewwata 8 irratti haala ibsameen beeksisa gaazexaa maxxanfamee bahee,
- b) Uunkaan iyyataa bakka bu'aadhaan kan mallattaa'e yoo ta'e, ragaa taayyitaa bakka bu'ummaa,
- c) Barruu bu'uureffama wal-dichaa ykn waliigaltee,
- d) Miseensota keessa lammii biyya alaa yoo jiraate, ragaan Dambii kana keewwata 5(2) (b) fi (c) irratti mul'atu, Iyyata waliin waraabbii lamaan dhiyeessuu qaba.

2. Iyyataan yemmuu waldaa hojii gamta ta'u, keewwata kana keewwata xiqqaa (1)(b), (c) fi (d) irratti ragoota ibsaman iyyata waliin dhiyeessuu qaba.

7. Galmeessa Guddaa Waldaa Ak-siyoonaa Irratti Raawwatu
Iyyataan yemmuu waldaa ak-siyoonaa ta'u,

- 1. Tarreewwan Dambii kana keewwata 6(1)(a), (b) fi (d) irratti mul'atan,
- 2. Bu'uura seera daldala lakk. 312(1) (b)n maallaqni akka baankii taa'uu, barbaadamu taa'u isaaif ragaa barruu baankii.

፪. አመልካቹ እንደ አገር ውስጥ ባለሀብት የሚቆጠር የውጭ አገር ዜጋ በሚሆንበት ጊዜ፤

- (ሀ) የቅርብ ጊዜ ጉርድ ፎቶ ግራፋን፤
- (ለ) ማንነቱን የሚገልፅና በሕጋዊ መንገድ ወደ ኢትዮጵያ መግባቱን የሚያመለክቱ የፓስፖርቱ ርቱን ገጾች ፎቶ ኮፒ፤
- (ሐ) የኢንቨስትመንት ፈቃድ፤
- (መ) የመኖሪያ ፈቃድ ፎቶ ኮፒ፤ ከማመልከቻው ቅጽ ጋር አያይዞ በሁለት ቅጂዎች ማቅረብ አለበት።

፫. በንግድ ሽርክና ማገበር እና በሀብረት ሥራ ማህበር ላይ ስለሚደረግ ዋና ምዝገባ

፩. አመልካቹ የንግድ ሽርክና ማገበር በሚሆንበት ጊዜ፤

- (ሀ) በአዋጁ አንቀጽ ፮ በተመለከተው መሠረት በጋዜጣ ታትሞ የወጣ ማስታወቂያ፤
- (ለ) የማመልከቻው ቅጽ በወኪል የተፈረመ በሚሆንበት ጊዜ የውክልናው ሥልጣን ማረጋገጫ፤
- (ሐ) የማገበሩ መመሥረቻ ጽሁፍ ወይም ውል፤
- (መ) ከማገበርተኛ መካከል የውጭ አገር ዜጋ ካለ በዚህ ደንብ አንቀጽ ፮(፪)(ለ) እና (ሐ) የተመለከተው መረጃ፤ ከማመልከቻው ጋር ተያይዞ በሁለት ቅጂዎች ይቀርባሉ።

፪. አመልካቹ የሀብረት ሥራ ማህበር ሲሆን በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) (ለ)፣ (ሐ) እና (መ) የተመለከተውን መረጃዎች ከማመልከቻው ጋር አያይዞ ያቀርባል።

፬. በአክሲዮን ማገበር ላይ ስለሚደረግ ዋና ምዝገባ

አመልካቹ የአክሲዮን ማገበር በሚሆንበት ጊዜ፤

- ፩. በዚህ ደንብ አንቀጽ ፮(፩) (ሀ)፣ (ለ) እና (መ) የተመለከተውን ዝርዝሮች፤
- ፪. በንግድ ሕግ ቁጥር ፫፻፲፪(፩) (ለ) መሠረት በባንክ እንዲቀመጥ የሚያስፈልገው ገንዘብ ተቀማጭ ስለመደረጉ የባንክ ማረጋገጫ ጽሁፍ፤

2. Where the applicant is a foreigner considered as a domestic investor, he shall, together with the application, submit, in two copies:

- a) his recent passport size photograph;
- b) photocopy of the pages of his passport which identify him and indicate his legal entry into the country;
- c) investment permit;
- d) photocopy of residence permit.

6. Principal Registration of a Commercial Partnership and a Cooperative Society

1. Where the applicant is a commercial partnership, he shall submit, in two copies, together with the application:

- a) a notice published in newspaper pursuant to Article 8 of the Proclamation;
- b) a power of attorney where the application is signed by an agent;
- c) the memorandum of association or the contract of partnership;
- d) the documents referred to in Article 5(2)(b) and (c) of these Regulations where there is a foreigner among the partners.

2. Where the applicant is a cooperative society, it shall, together with the application submit the documents referred to under sub-article (1) (b), (c) and (d) of this Article.

7. Principal registration of a Share Company

Where the applicant is a share company:

- 1. the documents referred to in Sub-Article (1) (a), (b) and (d) of Article 6 hereof;
- 2. a bank statement showing the amount required to be deposited in a bank has been so deposited pursuant to Article 312 (1) (b) of the Commercial Code;

- 3. Naamunaa waraqaa ragaa aksiyoona bifa adda addaa,
- 4. Buusiin bifaan godhame yoo jiraate bu'uura seera daldalaa lakk.315n gabaasa qophaa'e,
- 5. Bu'uura daldalaa lakk. 323(2)n ragoolee barbaachisaa ta'an, iyyata waliin qabsiifamani waraabbii lamaan dhiyeessuu qaba.

8. Galmeessa Guddaa Waldaa Dhuunfaa Ittigaafatamni Isaa Murtaa'e Irraatti Raawwatu
Iyyataan yemmuu waldaa dhuunfaa ittigaafatamni isaa murtaa'e ta'u,

- 1. Barreeffama dhaabbii fi dambii ittiin bulmaata waldichaa,
- 2. Tarreewwan Dambii kana keewwata 6(1)(a), (b) fi (d) irratti mul'atan, uunkaa iyyata waliin qabsiifame waraabbii lamaan dhiyeessuu qaba.

9. Galmeessa Guddaa Dhaabbata Misooma Mootummaa Irratti Raawwatu
Iyyataan yemmuu Dhaabbata Misooma Mootummaa Naannootiin dhaabbate ta'u,

- 1. Seera ittiin dhaabbate,
- 2. Xalayaa ramaddii hojii geggeessaa dhaabbatichaa, uunkaa iyyata waliin qabsiisee waraabbii lamaan dhiyeessuu qaba.

10. Iyyannoo Galmeessaa Irratti Murtii Kennuu

- 1. Biiroon, iyyatni galmeessaa dhiyaate gahaa ta'ee yoo argee, oornaa "A" Dambii kanaa waliin qabsifameen kaffallii barbachisaa ta'e kaffalchiisee galmeesuudhaan guyyaa hojii shan keessatti waraqaa ragaa galmeessaa ni kenna.
- 2. Iyyatni galmeessaa gahiinsa kan hin qabne ta'uun isaa yoo mirkanaa'e, Biiroon sababa hin fudhaneef guyyaa hojii shan keessatti iyyataaf barruun ni ibsa.

- ፫. ከአያንዳንዱ ዓይነት የአክሲዮን ምስክር ወረቀት ናውና።
 - ፬. በዓይነት የተደረገ መዋጮ ካለ በንግድ ሀገ ቁጥር የጸደቀ መሠረት የተዘጋጀ ሪፖርት።
 - ፭. በንግድ ሕግ ቁጥር የጸደቀ(ዩ) መሠረት ተፈላጊ የሆኑ ሰነዶች።
- ከማመልከቻው ጋር ተያይዘው በሁለት ቅጂዎች ይቀርባሉ።

፮. ኃላፊነቱ በተወሰነ የግል ማኅበር ላይ ስለሚደረግ ዋና ምዝገባ
አመልካቹ ኃላፊነቱ የተወሰነ የግል ማኅበር በሚሆንበት ጊዜ።

- ፩. የማኅበሩ መመሥረቻ ጽሁፍና መተዳደሪያ ደንብ።
- ፪. በዚህ ደንብ አንቀጽ 2(፩)(ሀ)፣ (ለ) እና (መ) የተመለከቱት ዝርዝር ስሜቶች።

ከማመልከቻው ቅጽ ጋር ተያይዘው በሁለት ቅጂዎች ይቀርባሉ።

፯. በመንግሥት የልማት ድርጅት ላይ ስለሚደረግ ዋና ምዝገባ
አመልካቹ በክልል መንግሥት የሚቋቋም የመንግሥት የልማት ድርጅት በሚሆንበት ጊዜ።

- ፩. የተቋቋመበት ሕግ።
- ፪. የድርጅቱ ሥራ አስኪያጅ የምደባ ደብዳቤ።

ከማመልከቻው ቅጽ ጋር ተያይዘው በሁለት ቅጂዎች ይቀርባሉ።

፲. በምዝገባ ማመልከቻ ላይ ውሳኔ ስለ መስጠት

- ፩. ቢሮው የቀረበለት የምዝገባ ማመልከቻ ብቁ ሆኖ ሲያገኘው ከዚህ ደንብ ጋር ተያይዞ በሚገኘው ሰነድ "ሀ" የተወሰነውን አገባብ ያለውን ክፍያ በማስከፈል መዝገብ በአምስት የሥራ ቀናት ውስጥ የምዝገባ የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
- ፪. የምዝገባ ማመልከቻው ተቀባይ ይነት የለለው መሆኑን ሲያረጋግጥ ቢሮው ያልተቀበለበትን ምክንያት በአምስት ቀናት ውስጥ ለአመልካቹ በጽሁፍ ይገልጻል።

- 3. a specimen of share certificates for each class of shares;
- 4. a report of any contribution in kind, if any, drawn up in accordance with Article 315 of the Commercial Code;
- 5. the documents, referred to in Article 323 (2) of the Commercial Code, shall, together with the application, be submitted in two copies.

8. Principal Registration of a Private Limited Company
Where the applicant is a private limited company:

- 1. the memorandum and articles of association;
- 2. the documents referred to in Sub-Article (1) (a), (b) and (d) of Article 6 hereof;

shall, together with the application, be submitted, in two copies.

9. Principal Registration of a Public Enterprise
Where the applicant is a public enterprise established by the Regional Government:

- 1. a copy of the law under which it was established;
- 2. letter of appointment of its manager

shall, together with the application, be submitted in two copies.

10. Decision on Application for Registration

- 1. Where the Bureau ascertains the application submitted to it to be complete, it shall issue to the applicant a registration certificate within five working days, upon payment by the applicant of the appropriate fee prescribed in schedule "A" of these Regulations.
- 2. Where the Bureau ascertains that the application is not acceptable, it shall notify the applicant in writing within five working days of the reasons thereof.

11. Dabarsuu Ragoolee Galmeessaa

1. Dambii kana irrattii hundaa 'udhaan sanadootaa fi rago-ota galmeetti galan akka Labsiicha keewwata 7(2)n Biir-oon uunkaa galmeessa dalda-
laa Ministeerichi erguu guute hatattaman Ministeeri-
chaaf dabarsa.
2. Akka Labsiicha keewwata 7(1)n ragoole Ministeericha irraa ergaman Biirichi galme-
essee ni qaba.

12. Yeroo Galmeessichi Ittii Ragga'uu

Bu'uura Dambii kanaatiin galmeessi guddaan godhame kan raga'uu ,

1. Dhimmoota Labsiicha kees-satti beeksisni galmeessaa akka bahuuf tumaman gama ilaaluun guyyaa beeksisichi maxxanfamee bahee irraa ee galee,
2. Dhimmoota keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n ala ibsamani jiran guyyaa gal mee daldalaatti galmaa'an irraa eegalee ta'a.

13. Galmeessa Gabaabaa

1. Ministeerichaatti ykn Naan-
noo biraatti galmeessa gud-
daa kan galmāa'e dal-
daalaan kam iyyuu Naan-
nootti waajjira damee yem-
muu banu galmeessa
gabaabaa ni godha.
2. Akkaataa keewwata kana
keewwata xiqqaa (1)n galme-
essa gabaabaa godhamuuf
oornaa "B" Dambii kana
waliin qabsiifamee galme-
essa guddaaf fudhatama arga-
tee murtaa'e, uunkaa iyyataa
waraabbii lamaan guutudh-
aan,
a) Akka barbaachisaa ta'e-
tti Dambii kana keeww-
ata 5 hanga 9tti tarreew-
wan mul'atani fi,

18. የምዝገባ መረጃዎችን ስለማስተላለፍ

- ፩. ቢሮው በዚህ ደንብ መሠረት በምዝገባ የገቡ መረጃዎችን እና ስነዶችን በአዋጁ አንቀጽ 7/2/ መሠረት ማረጋገጥ በሚልከው የንግድ ምዝገባ መረጃ መሰብሰቢያ ቅጽ እየሞላ ወዲያውኑ ለሚረጋገጡ ያስተላልፋል ።
- ፪. በአዋጁ አንቀጽ 7/1/ መሠረት ከሚረጋገጡ የተላለፉለትን መረጃዎች ቢሮው ምዝገባ ይይዛል ።

19. ምዝገባው ስለሚሆነበት ጊዜ

በዚህ ደንብ መሠረት የተደረገ ዋና ምዝገባ የሚሆነው

- ፩. አዋጁ የምዝገባ ማስታወቂያ እንዲወጣቸው የተደነገጉትን ጉዳዮች በሚመለከት ማስታወቂያው ታትሞ ከወጣበት ቀን ጀምሮ ፤
- ፪. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ/1/ ከተገለጹት ጉዳዮች ውጭ ያሉት በንግድ ምዝገባ ከተመዘገቡበት ቀን ጀምሮ ፤ ይሆናል ።

11. አጭር ምዝገባ

- ፩. በሚረጋገጡ ወይም በሌላ ክልል በዋናነት የተመዘገቡ ማንኛውም ነጋዴ በክልሉ ቅርንጫፍ መ/ቤት ሲከፍት አጭር ምዝገባ ያደርጋል።
- ፪. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ/1/ መሠረት ለሚደረገው አጭር ምዝገባ ከዚህ ደንብ ጋር ተያይዞ በሚገኘው ሠንጠረዥ "ለ" ለዋና ምዝገባ የተወሰነውን አግባብ ያለውን የማመልከቻ ቅጽ ሁለት ቅጂዎች በመሙላት፤
(ሀ) እንደአግባቡ በዚህ ደንብ ከአንቀጽ 5 እስከ 9 የተመለከቱት ዝርዝሮች ፤ እና

11. Forwarding of Registration Information

1. The Bureau shall immediately forward to the Ministry, particulars and documents entered in the commercial register by filling the form supplied by the Ministry pursuant to Article 7(2) of the Proclamation.
2. The Bureau shall register information forwarded to it by the Ministry pursuant to Article 7(1) of the Proclamation.

12. Effective date of Registration

A principal registration made in accordance with these Regulations shall be effective as of:

1. The date of publication of notice in a newspaper for matters requiring the issuance of notice of registration pursuant to the Proclamation;
2. The date on which entry is made in the commercial register for matters other than those referred to in Sub-Article(1) of this Article.

13. Summary Registration

1. Any business person who is principally registered with the Ministry or any Region shall be summarily registered when he opens a Branch in the Region.
2. An application for summary registration pursuant to Sub-Article (1) of this Article shall be submitted, in two copies, by completing the form prescribed in schedule "B" of these Regulations together with:
a) the appropriate particulars provided under Articles 5 to 9 of these Regulations; and,

b) Footo kooppii wara- qaa ragaa galmee- ssa guddaa warraab- bii lama uunkaa wal- iin qabsiifamani ni dhiyaatu,

3. Tummaawwan Dambii kanaa keewwata 10-12 irratti kan mul'atan galmeessa gabaabaafis raawwatiinsa ni qabaatu.

14. Jijjiirraa Galmeessaa fi Galmeessa Dabalataa

1. Daldaalaan galmaa'e kam iyyuu bu'uura Dambii kanaatiin tartiiba galmee- sisee haallii jijjiirsiisu yoo mudate guyyaa haalichi qaq- qabee irraa kaasee guyyoota 60 keessatti Biirroof baaksi- suu qaba.

2. Raawwatiinsa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) f iyyataan odeeffannoo har- a'aa waraabbii lamaan Biir- oof ni dhiyeesa.

3. Galmeessa dabalataa ykn ga- lmeessa jijjiirraa bu'uura Da- mbii kanaatiin godhamuuf tumaaleen Dambii kanaa ke- ewwata 10 hanga 12tti mul'a- tan raawwtiinsa ni qabaatu.

4. Galmeessa dabalataa ykn ga- lmeessa jijjiirama gamailaal- uun daldaaltichi jecha gaba- baadhaan Biiroo itti galmaa- 'eef odeeffannoo ni dhiyees- saa.

15. Galmeessa Haquu

1. Daldaalaan galmeetti gale akkaataa Labsiicha keeww- ata 10(1) fi (2)n galmees dald- alaa irraa akka haqamu yem- muu murtaa'u, ragaan kana ibsu akka kennamuuf kan gaafate yoo ta'e Biiroon ornaa "A" Dambii waliin qabsiifaame argamuun kaffa- ltiin barbaachisaa ta'e akka kaffalamu ta'ee ragaa haquu- msaa ni kenna.

(A) የዋና ምዝገባ የምስክር ወረቀት ፎቶ ኮፒ ሁለት ቅጂዎች፣ ከቅጹ ጋር ተያይዘው ይቀርባሉ።

፫. በዚህ ደንብ ከአንቀጽ 1 እስከ 12 የተመለከቱት ድንጋጌዎች ለአጭር ምዝገባም ተፈጻሚነት ይኖራቸዋል።

16. ስለምዝገባ ለውጥና ተጨማሪ ምዝገባ

፩. ማንኛውም የተመዘገበ ነጋዴ በዚህ ደንብ መሠረት ያስመዘገበውን ዝርዝር የሚለውጥ ሁኔታ ወይም አድራጎች ሲደርስበት አድራጎቱ ከደረሰበት ቀን አንስቶ በስድሳ ቀናት ውስጥ ለቢሮው ማመልከት አለበት።

፪. ለዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) አፈጻጸም አመልካቹ አዲሱን መረጃ ለቢሮው በሁለት ቅጂ ያቀርባል።

፫. የሚደረገውን የምዝገባ ለውጥ ወይም ተጨማሪ ምዝገባ በሚመለከት ነጋዴው በአጭር ቃል ለተመዘገበባቸው ቢሮዎች መረጃ ያቀርባል።

፬. በዚህ አንቀጽ መሠረት ለሚደረግ የምዝገባ ለውጥ ወይም ተጨማሪ ምዝገባ አፈጻጸም በዚህ ደንብ ከአንቀጽ 1 እስከ 12 የተመለከቱት ድንጋጌዎች ተፈጻሚነት ይኖራቸዋል።

17. ምዝገባን ስለመሠረዝ

፩. በመዝገብ የገባ ነጋዴ በአዋጁ አንቀጽ 1(፩) እና (፪) መሠረት ከንግድ መዝገብ እንዲሠረዝ ሲወሰንና ይህንኑ የሚያመለክት ማስረጃ እንዲሰጠው ሲያመለክት ከዚህ ደንብ ጋር ተያይዞ በሚገኘው ሠንጠረዥ "ሀ" የተመለከተውን አግባብ ያለውን ክፍያ በማስከፈል ቢሮው የሥረዛ ማስረጃ ይሰጠዋል።

b) two copies of the photocopy of the certificate of principal registration.

3. The provisions of Articles 10 to 12 of these Regulations shall be applicable to summary registration.

14. Alteration and Addition

1. Any registered business person shall apply to the Bureau of the Region, within sixty days from the occurrence of situation or a fact making necessary an alteration in the particulars of registration made pursuant to these Regulations.

2. The applicant shall, for the implementation of Sub-Article (1) of this Article, submit the new information to the Bureau in two copies.

3. The business person shall submit information pertaining to the alteration or addition in the register to the Bureau by which such business person has been summarily registered.

4. The provisions of Articles 10 to 12 hereof shall apply to alteration or addition to entries made pursuant to this Article.

15. Cancellation of Registration

1. Where a decision is made to cancel the registration of any business person pursuant to Article 10 (1) and (2) of the Proclamation and when such business person applies for a certificate evidencing the cancellation, the Bureau shall issue the same to the applicant upon his payment of the appropriate fee prescribed in Schedule "A" of these Regulations.

18. Galmeessa Maqaa Daldalaa

1. Bu'uura Labsiichaa keewwata 14n iyyatni maqaa daldalaa galmeessisuuf dhiyaatu omaa "B" Dambii kana waliin qabsiifameen uunkaa barbaachisaa ta'e guutudhaan ta'a.
2. Maqaa daldalaa galmeessuuf, jijjiiruuf, bakka buusuu fi haquuf omaa "A" irratti kan ibsame kafaltiin barbaachisaa ta'e kan raawwatu ta'a.

Kutaa Sadii

Waa'ee Heyyama Hojii Daldalaa

19. Aangoo Kennaa Heyyamaa

1. Biiron Labsiicha keewwata 20(1) fi Labsiicha wajjin duukaa deemtu walqabate irratti kan ibsaman otu hin dabalatiin hojii daldalaa biraatiif heyrama ni kenna.
2. Heyyamootni Biiroodhaan kennaman omaa "D" Dambii kana waliin qabame irratti tartiibaan ibsamaniiru.

20. Heyyama Hojii Daldalaa Baasuu

1. Hojii daldalaa kaappiitaalli isaa qarshii 3,000 ol ta'e irratti kan bobba'e namni kam iyyuu keewwata 21 fi 22 Dambii kanaa irratti hundaa'udhaan iyyata Biirroof dhiyeessee heyrama daldalaa ni baasa.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) hojii irra olchuuf "kaappitaala" kan jedhu jechi hojii daldalaaf kan ole qabeenya dhaabbataa fi kaappitaala hojii adeemsiisuuf ramadame kan walitti qabu yemmuu ta'u, filannoo ykn feedhi daldalaatiin yoo ta'e malee manni hojiin daldalaa itti adeemsifamu akka kaappitaalaatti hin lakkaawwamu.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n kan ibsame jiraatu illee daldalaan hojii daldalaa ogummaa addaa gaafatu irratti boba'u ka'umsi kaappitaalaa osoo in barbaachisin heyrama daldalaa baafachuun dirqama ta'a.

18. ስለንግድ ስም ምዝገባ

- ፩. በአዋጁ አንቀጽ 16 መሠረት የንግድ ስም ምዝገባ ለማድረግ ማመልከቻ የሚቀርበው ከዚህ ደንብ ጋር በተያያዘው ሰነድ ስም "ለ" የተመለከተውን አግባብ ያለውን ቅጽ በመሙላት ይሆናል።
- ፪. ለንግድ ስም ምዝገባ ለውጥ ሥረዛ ከዚህ ደንብ ጋር ተያይዞ በሚገኘው ሰነድ ስም "ሀ" የተመለከተው አግባብ ያለው ክፍያ ተፈጻሚ ይሆናል።

ክፍል ሦስት

ስለ ንግድ ሥራ ፈቃድ

19. ፈቃድ የመስጠት ሥልጣን

- ፩. ቢሮው በአዋጁ አንቀጽ 28/አና ከአዋጁ ጋር በተያያዘው አባሪ ከተዘረዘሩት በስተቀር በክልሉ ውስጥ ለሚካሄድ ለሌሎች የንግድ ሥራዎች ፈቃዶችን ይሰጣል።

- ፪. ቢሮው የሚሰጡት ፈቃዶች ዝርዝር ከዚህ ደንብ ጋር በተያያዘው ሰነድ ስም "መ" ተመልክተዋል።

20. የንግድ ሥራ ፈቃድ ስለማውጣት

- ፩. ካፒታሉ ከብር 3 ሺህ /ሦስት ሺህ/ በላይ በሆነ የንግድ ሥራ የተሰማራ ማንኛውም ሰው በዚህ ደንብ አንቀጽ 28 አና 29 መሠረት ቢሮው በማመልከት የንግድ ሥራ ፈቃድ ያወጣል።
- ፪. ለዚህ አንቀጽ ገደብ አንቀጽ/፩/ አፈጻጸም "ካፒታል" የሚለው ቃል ለንግድ ሥራው የዋለውን ቋሚ ንብረትና የሥራ ማስኬጃ ካፒታል የሚያጠቃልል ሲሆን በነጋዴው ምርጫ ካልሆነ በስተቀር የንግድ ሥራው የሚካሄድ ድብት ቤት እንደ ካፒታል አይቆጠርም።
- ፫. ከዚህ በላይ በገደብ ቁጥር 28 የተጠቀሰው ቢሮም የተለየ ሙያ በሚጠይቅ የንግድ ሥራ ላይ የተሰማራ ነጋዴ መነሻ ካፒታሉ ግምት ውስጥ ሳይገባ የንግድ ሥራ ፈቃድ የማውጣት ግዴታ አለበት።

18. Registration of Trade Name

1. Application for registration of a trade name pursuant to Article 14 of the Proclamation shall be submitted in the form prescribed in schedule "B" of these Regulations.
2. The appropriate fee prescribed in schedule "A" of these Regulations shall be applicable to registration alteration and cancellation of a trade name.

PART THREE

BUSINESS LICENSE

19. Power to Issue License

1. The Bureau shall issue business licenses for commercial activities other than those provided for under Article 20 (1) and the Appendix to the Proclamation.
2. Business licenses which shall be issued by the Bureau are enumerated in schedule "D" of these Regulations.

20. Obtaining Business License

1. Any person engaged in a commercial activity the capital of which is more than Birr 3,000 shall obtain a business license by applying to the Bureau pursuant to Articles 21 and 22 of these Regulations.
2. For the purpose of sub-Article (1) of this Article, "Capital" includes fixed assets and working capital put at the disposal of the business, but excludes the business premises unless the business person chooses otherwise.
3. Without prejudice to the generality of sub-Article (1) and its floor capital, an applicant engaged in commercial activity that requires to hold a specific occupational qualification or certificate of competence has to obtain business license.

21. Iyyannoo Heyyama Hojii Daldalaa Baasuuf Dhiyaatu

1. Heyyama hojii daldalaa baasuu kan barbaadu namni kam iyyuu ornaa "C" Dambii kana waliin qabameen uunkaa iyyannoo qopha'ee koppii lamaan guutee Biroof ni dhiyeessa.
2. Iyyataan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) irratti hundaa'udhaan uunkaa iyyannoo dhiyeessu wajjin:
 - a) Waraqaa ragaa galmee-ssa guddaa,
 - b) Suuraa iyyataa yeroo dhiyoo keessa ka'e
 - c) Lammiin isaa biyya alaa kan ta'e akka abbaa qabeenyaa biyya keessaa ni lakkaawama taanaan heyrama invas-timantii fi heyrama jire-enyaa koppii lamaan ni dhiyeessa.
3. Iyyataan waldaa daldalaa ta'e akka abbaa qabeenyaa biyya keessaa kan lakkaaw-waman miseensoota lamm-iin isaani kan biyya alaa ta'e keessaa qabaa taanaan,
 - a) Waraqaa ragaa galmee-ssa daldalaa,
 - b) Barreffama dhaabbii fi dambii ittiin bulmaataa ykn waliigaltee,
 - c) Heyyama invastiman-tii,
 - d) Suuraa yeroo dhiyoo hojii gaggeessaa wal-daa, iyyannoo wajjin koppii lamaan qabatee dhiyaata.
4. Iyyataan Mootummaa Naan-nootiin kan dhaabbate dhaa-bbata misooma Mootum-maa yoo ta'e,
 - a) Waraqaa ragaa galmee-ssaa,
 - b) Seera ittiin dhaabbate,
 - c) Xalayaa ramaddii hojii gaggeessaa, iyyannoo wajjin koppii lamaan ni dhiyeessa.

ጸ፩ የንግድ ሥራ ፈቃድ ለማውጣት ስለሚቀርብ ማመልከቻ

- ፩ የንግድ ሥራ ፈቃድ ለማውጣት የሚፈልግ ማንኛውም ሰው ከዚህ ደንብ ጋር በተያያዘው ሠንጠረዥ "ሐ" የተመለከተውን አግባብ ያለውን የማመልከቻ ቅጽ በሁለት ቅጂዎች በመሙላት ለቢሮው ያቀርባል።
- ፪ አመልካቹ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) መሠረት ከሚያቀርበው ማመልከቻ ቅጽ ጋር፤
 - (ሀ) የንግድ ምዝገባ የምስክር ወረቀት፤
 - (ለ) የአመልካቹ የቅርብ ጊዜ ጉርድ ፎቶ ግራፍ፤
 - (ሐ) የውጭ አገር ዜጋ ሆኖ እንደ አገር ውስጥ ባለሀብት የሚቆጠር ከሆነ የኢንቨስትመንት ፈቃድና የመኖሪያ ፈቃድ፤
 - በሁለት ቅጂዎች አያይዞ ያቀርባል።
- ፫ አመልካቹ የንግድ ማገባር ሆኖ እንደ አገር ውስጥ ባለሀብት የሚቆጠሩ የውጭ አገር ዜጎች የሆኑ አባላት ካሉት፤
 - (ሀ) የንግድ ምዝገባ የምስክር ወረቀት፤
 - (ለ) የማገባሩ መመሥረቻ ጽሑፍና መተዳደሪያ ደንብ ወይም ውል፤
 - (ሐ) የኢንቨስትመንት ፈቃድ፤
 - (መ) የማገባሩ ሥራ አስኪያጅ የቅርብ ጊዜ ጉርድ ፎቶ ግራፍ፤
 - ከማመልከቻ ጋር በሁለት ቅጂዎች አያይዞ ያቀርባል።
- ፬ አመልካቹ በክልሉ መንግሥት የተቋቋመ የመንግሥት የልማት ድርጅት ከሆነ፤
 - (ሀ) የምዝገባ የምስክር ወረቀት፤
 - (ለ) የተቋቋመበትን ሕግ፤
 - (ሐ) የሥራ አስኪያጁን የምደባ ደብዳቤ፤
 - ከማመልከቻው ጋር አያይዞ በሁለት ቅጂዎች ያቀርባል።

21. Application to obtain Business License

1. Any person desiring to obtain a business license shall submit an application, in two copies, to the Bureau in the form prescribed under schedule "C" of these Regulations.
2. The applicant shall, together with the application under sub-Article (1) of this Article, submit in two copies:
 - a) A commercial registration certificate;
 - b) his recent passport size photograph;
 - c) investment permit and residence permit if the applicant is a foreigner who is considered as a domestic investor.
